
Torban 29

Kutaa 1

# Manguddoofi Ijoollee



Dubbisa 15

# Manguddoofi Ijoollee

Dubbisa 15 | Kutaa 1 | Torban 29




Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen, walta’iinsa dhaabbata ‘Pact Ethiopia’ fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa’ee dhaabbata ‘Save the Children’ fi Ministeera Barnootaatiin fooyya’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Obbo Waajjiraan manguddoodha. Lafti dhaloota isaanii Magalaa Teeppii jedhamudha. Bakki jireenya isaanii immoo magaalaa Ijaajjiiti.



Mana Obbo Waajjiraa gajjallaa muka guddaatu jira. Obbo Waajjiraan muka sana jala taa'uu jaallatu.



Obbo Waajjiraan mukicha jala taa'u. Ijoollee Oduu durii dhaggeeffachuu fedhan taa'anii eegu.



Qajeelaafi Maajituun ijoollee ollaa Obbo Waajjiraati. Gaaf tokko gara galgalaa Obbo Waajjiraa bira deeman. Obbo Waajjiraas mukicha jalaa dhaban.




Qajeelaafi Maajituun gara mana Obbo Wajjiraa deeman. Maajituun hojjaan ishee dheeraadha. Hiixattee dallaa Obbo Waajjiraa keessa ilaalte.



Obbo Waajjiraan mana jala taa'anii raadiyoo dhaggeeffatu.



Maajituun Qajeelaa waliin karra dallaa banattee seente.



Obbo Waajjiraan Maajituufi Qajeelaa simatanii teessoo kennaniif.



Obbo Waajjiraan Maajituufi Qajeelaaf paappaayyaa kutanii kennan. Sanaan booda, oduu durii itti himan.



Maajituufi Qajeelaan
Obbo Waajjiraa
galateeffatan.
Paappaayyaa kennameefis
nyaachaa gara mana
isaaniitti galan.

# Gaaffii

1. Maajituufi Qajeelaan maal harkatti baatu?



2. Maajituufi Qajeelaan manguddoo bira maaliif deeman?



# Jj, pp

| | | |
|---|---|---|
| I-jaaj-jii | → | Ijaajjii |
| waaj-ji-raa | → | waajjiraa |
| Qa-jee-laa | → | Qajeelaa |
| teep-pii | → | teeppii |
| paap-paay-yaa | → | paappaa yyaa |

# Manguddoofi Ijoollee

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja'aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan


Dubbisa 1 Galaaniifi Simaa

Dubbisa 2 Maatii Gargaaruu

Dubbisa 3 Odaa

Dubbisa 4 Hoolaafi Saree Tolaa

Dubbisa 5 Joobiraafi Bofa

Dubbisa 6 Qamaleefi Saree

Dubbisa 7 Adurree Burree

Dubbisa 8 Obbolaan Lamaan

Dubbisa 9 Kunuunsa Naannoo

Dubbisa 10 Baaccuufi Jaldeessa

Dubbisa 11 Dorgommii Fiigichaa

Dubbisa 12 Kanniseefi Bashaadaa

Dubbisa 13 Adurree Haxxee

Dubbisa 14 Hirpheefi Raffisaa

Dubbisa 15 Manguddoofi Ijoollee

Dubbisa 16 Zayituunee

USAID

UUMMATA AMERIKAA IRRAA